Waggaa 9ffaa ................. Lak. 7
9ኛ ዓመት ............................ ቁጥር 7
9th year ............................No. 7

Finfinnee, Onkoloolessa 6/1993
ፊንፊኔ ጥቅምት ፮ ቀን ፲፱፻፺፫
Finfine, October 16th 2000

# MAGALATA OROMIYAA
# መ ገ ለ ተ ኦ ሮ ሚ ያ
# MEGELETA OROMIA

| Gatiin To'kkoo ........... 6·70<br>ያንዱ ዋጋ ..........................."<br>Unit Price. ........................ " | Too'annaa Caffee Mootummaa Naannoo Oromiyaatiin Kan Bahe<br>በኦሮሚያ ክልላዊ መንግሥት ም/ቤት ጠባቂነት የወጣ | Lakk. S. Poostaa ......... 101769<br>የፖ·ሣ·ቁጥር ...................."<br>P.O.Box ........................" |
|---|---|---|

QABEENTAA

Dambii Lakk. 20/1993
"Dambii Eegumsa Fayyaa Oromiyaa
................................................ fuula 1

ማውጫ

ደንብ ቁጥር ፳/፲፱፻፺፫
የኦሮሚያ የጤና አጠባበቅ ደንብ
............................................ ገጽ ፩

CONTENT

Regulations No. 20/2000
"Oromia Public Health Regualtions
........................................ Page 1

*Dambii Eegumsa Fayyaa Oromiyaa*
*Kutaa Tokko*
*Waliigala*

Koreen Hojii Raawwachiiftuu Mootummaa Naannoo Oromiyaa Heera Mootummaa Naannoo Oromiyaa Keewwata 54(6) fi Labsii E egumsa Fayyaa Ummataa Lakk. 200/1992rratti hundaa'uudhaan Dambii kana baaseera.

1. *Mata Duree Gabaabaa*

Dambiin kun "Dambii Eegumsa Fayyaa Murteessuuf Bahe Lakk. 20/1993" jedhamee waamamuu nidanda'a.

2. *Hikaa*

Akkaataan seensa jechichaa hiikkaa biraa kan kennisiisuuf yoo tahe malee, Dambii kana keessatti:

1) ''Biiroo'' jechuun Biiroo E egumsa Fayyaa Oromiyaati.
2) ''Bishaan faalame'' jechuun bishaan boowlii, faltii, fando-ofi hurbuu (baxaxii) beeyladaatiin, hawaaja summaaween ykn kosii goggogaa ykn dhangala'aa kamiyyuutiin ykn kanneen fafakkaaltaniin summaaweefi fayyaaf hintolledha.

<u>የኦሮሚያ የጤና አጠባበቅ ደንብ</u>
<u>ክፍል አንድ</u>
<u>ጠቅላላ ድንጋጌዎች</u>

የኦሮሚያ ክልላዊ መንግሥት ሥራ አስፈጻሚ ኮሚቴ በኦሮሚያ ክልል ሕገ መንግሥት አንቀጽ ፶፬(፮) እና በሕዝብ ጤና አጠባበቅ አዋጅ ቁጥር ፪፻/፲፱፻፺፪ መሠረት ይህን ደንብ አውጥቷል።

፩· <u>አጭር ርዕስ</u>

ይህ ደንብ "የጤና አጠባበቅ ደንብ ቁጥር ፳/፲፱፻፺፫ ዓ·ም" ተብሎ ሊጠቀስ ይችላል።

፪· <u>ትርጓሜ</u>

የቃሉ አገባብ ሌላ ትርጉም የሚያሰጠው ካልሆነ በስተቀር በዚህ ደንብ ውስጥ፦

፩· "ቢሮ" ማለት የኦሮሚያ ክልላዊ መንግሥት ጤና ቢሮ ነው
፪· "የተበከለ ውሃ" ማለት በሰው ዓይነምድር፣ በእንስሳት እበት፣ በበጠጥ፣ በመርዛማ ንጥረ ነገር ወይም በሌላ ማንኛውም ደረቅ ወይም ፍሳሽ ቆሻሻ ውስጥ በመሳሰለው የተበከለና ለጤና ተስማሚ ያልሆነ ውሃ ነው።

*OROMIA PUBLIC HEALTH REGULATIONS*

*PART ONE*

*General Provisions*

These regulations are issued by the Executive Committee of the Oromia Regional State pursuant to Art. 54(6) of the Constitution of the Oromia Regional State and Public Health Proclamation No.200/2000.

1. Short Title

These Regulations may be cited as the ''Oromia Public Health Regualtions No.20/2000.''

2. *Definitions*

Unless the context requires otherwise, in these Regulations:

1) ''Bureau'' means the Oromia Health Bureau.
2) Polluted water'' means water contaminated with animal excrement, poisoned substance or by any other solid or liquid waste which affects health of human beings.

3) "Faalama sagalee" jechuun sagalee fayyaarratti ykn jireenya hawaasummaarratti miidhaa fidu, nageenya namaa booreessu ykn jeequmsa uumuudha.

4) "Iinsiinareetar" jechuun meeshaafi tooftaa kosii goggogaa ittiin gubuuf fayyadu kan kosii goggogaa akkaataa jeequmsaa fi faalama hinuumnetti hoo'a ol-aanaan gubee daaraa fayyaa hinhubnetti jijjiiruudha.

5) "Jaarmiyaa" jechuun hoospitaala, mana barnootaa, mana sirreessaatiifi dhaabbata mootummaa ykn mit-mootummaa kan biraa jechuudha.

6) "Jaarmiyaa nyaataa ykn dhugaatii" jechuun dhabbata wanni nyaatamu ykn dhugamu itti oomishamu, qophaawu, kuusamu, raabsamu, tolaan ykn gurguraan itti dhiyaatuudha.

7) "Keemiikaala balafaamaa" jechuun keemikaala kamiyyuu tahe fayyaa namaa ykn beeyladaarratti ykn nageenya kan biraarraattii miidhaa kan fiduudha.

8) "Kosii dhangala'aa" jechuun dhangala'aa uffatni ittiin miicamee ykn meeshaan nyaataa ykn dhugaatii ittiin dhiqaman, dhangala'aa mana fincaanii, bulmaata beeyladaa, warshaa keessaa bahuu ykn hawaaja summaawaa of keessaa qabu ykn hin qabne kan biraa kamiyyuudha.

9) "Kosii goggogaa" jechuun waan manaa ykn bakka biraa hundarraa haxaa'amee bahu, hambaa nyaataa, daaraa, garaabaa jim aa, qolola kudraa, nafasa (hambaa) tamboo, waraqaa darbame, caccaphaa birciqqoo, qaruuraa (xarmuṣii) daawwitiifi suuphee, sibiila ykn plaastiikii dulloomaa, beeyladaa du'a ykn waan biraa kan hir'ina eegumsa fayyaatiif sababa taheefi harca'aa homisha kan hin barbaachifne hunda ni dabalata.

፫· "የድምፅ ብክለት" ማለት በጤና ወይም በማኅበራዊ ኑሮ ላይ ጉዳት የሚያስከትል፤ ሰላም የሚነሳ ወይም ሁከት የሚፈጥር ነገር ነው።

፬· "ኢንሲነሬተር" ማለት ደረቅ ቆሻሻን በከፍተኛ ሙቀት ሁከትና ብክለት በማይፈጥርበት ሁኔታ በማቃጠል ለጤና ጎጂ ወደ አልሆነ ዝቃጭ (አመድ) የሚለውጥ የደረቅ ቆሻሻ ማቃጠያ መሣሪያና ዘዴ ነው።

፭· "ተቋም" ማለት ሆስፒታል፣ ትምህርት ቤት፣ ማረሚያ ቤት ወይም ሌላ ተመሳሳይ መንግሥታዊ ወይም መንግሥታዊ ያልሆነ ድርጅት ነው።

፮· "የምግብ ወይም የመጠጥ ድርጅት" ማለት ማንኛውም የሚበላ ወይም የሚጠጣ ነገር የሚመረትበት፤ የሚዘጋጅበት። የሚከማችበት፤ የሚከፋፈልበት፤ በነፃ ወይም በሽያጭ የሚቀርብበት ድርጅት ነው።

፯· "አደገኛ ኬሚካል" ማለት ማንኛውም ኬሚካል ሆኖ በሰው ወይም በእንስሳት ጤና ወይም በሌላ አካል ደህንነት ላይ ጉዳት የሚያድረስ የቆሻሻ ዓይነት ነው።

፰· "ፍሳሽ ቆሻሻ" ማለት ከልብስ፣ ከምግብና ከመጠጥ ዕቃዎች እጣቢ፣ ከመፀዳጃ ቤት፣ ከእንስሳት ማደሪያ፣ ከፋብሪካ የሚወጣ ፍሳሽና መርዛማ ንጥረ ነገር ያለበት ወይም የሌለበት ማንኛውም ፍሳሽ ማለት ነው።

፱· "ደረቅ ቆሻሻ" ማለት ከመኖሪያ ቤት ወይም ከማንኛውም ሌላ ቦታ የሚወጣ ጥራጊ፣ የምግብ ፍርፋሪ፣ አመድ፣ የማይፈለግ ጫት፣ የአትክልት ልጣጭ፣ የሲጋራ ቁራጭ፣ ውዳቂ ወረቀቶች፣ የብርጭቆ፤ የጠርሙስ፣ የመስተዋት፣ የሸክላ ስብርባሪ፣ አሮጌ ብረታ ብረትና ፕላስቲክ፣ የሞቱ እንስሳት ወይም ሌላ ለጤና አጠባበቅ ጉድለት መንስኤ የሆነ ተመሳሳይ ነገርና ሌላ አላስፈላጊ ተረፈ ምርትን የሚያጠቃልል ነው።

3) ''Noise pollution'' means sound that affects health and life or spoils peace or creates disorder.

4) ''Incinerator'' means an instrument used for the purpose of burning dry waste at high temperature without causing pollution and nuisance in order to reduce the waste into harmless residual.

5) ''Institution'' means hospital, school, prison, and other government or non-governmental organizations.

6) ''Food or Beverage Enterprise'' means a place where food or drink for human consumption is manufactured, prepared, stored, distributed or supplied for free or sale.

7) ''Hazardous chemical'' means any chemical which affects health of human being or animal or the security of others.

8) ''Liquid waste'' means waste removed from washed clothes or food or drink utensils or discharged from toilets, corrals, industries or any other liquid with or without poisoned substance.

9) ''Solid waste'' means waste removed from houses or other places or rubbish or garbage or waste from the preparation or consumption of food or ash or vegetable or tobacco wastes or scraps of paper, abandoned porcelain, iron, glass or plastic, dead animal bodies or any other similar thing which causes health problem.

10) "Labsii" jechuun Labsii Eegumsa Fayyaa Ummataa Lakk. 200/1992 jechuudha.
11) "Mootummaa" jechuun Mootummaa Naannoo Oromiyaati.
12) "Nama" jechuun nama uumaamaa ykn kan biraa seeraan qamini namummaa kennameefiidha.
13) "Nyaata fayyaaf hin tolle" jechuun nyaata jarmii dhukkuba fidun, hawaaja summaawaan, ilbiisaan, boowliin tuqamee ykn faalame ykn yeroon itti dabree ykn hirina qabinsaatiin badeedha.
14) "Qilleensa Faalame" jechuun qilleensa naannoodhaa kan dhangala'aan, gaasaan, aaraan, ykn summeessituu fayyaa namaa miituun ykn hubduun summaawe kan fayyaaf hintolleedha.
15) "Warshaa" jechuun iddoo hojii xixiqqoo ykn gurgudoo homishaan adda addaa keessatti homishamu kan akka jarmiyaa huucoo, gogaa (kallee), simmintoo, sibilaa adda addaa kkfdha.

*Kutaa Lama*
*Aangoofi Hojii Qaammoota Eegumsa Fayyaa*

3. *Aangoofi Hojii Biirichaa*

Biirichi, aangoofi hojiin seera biraatiin kennameef akkuma jirutti ta'ee, eegumsa fayyaa ilaalchiisee aangoofi hojii kanatti aanan qabaata:

1) Dambiin kuniifi qajeelfamnooni bahaan kabajamuusaanii nihordofa; nitoo'ata; niraawwachiisa;
2) Hojii afi dhaabbata mootummaatii fi mit-mootummaa kanneen biraa wajjin qindoominaan nihojjata;
3) Karoora nibaasa; baajata niqopheessa; ennaa hayyamaamuus hojiirra ni oolcha;
4) Sarveelaansii naannootiifi to'annoo niraawwataa; akka raawwatamuus ni godha;

፲· "አዋጅ" ማለት የሕዝብ ጤና አጠባበቅ አዋጅ ቁጥር ፪፻/፲፱፻፺፪ ነው።
፲፩· "መንግሥት" ማለት የኦሮሚያ ክልላዊ መንግሥት ነው።
፲፪· "ሰው" ማለት የተፈጥሮ ሰው ወይም በሕግ መብት የተሰጠው አካል ነው።
፲፫· "ለጤና ተስማሚ ያልሆነ ምግብ" ማለት በበሽታ አምጪ ተዋስያን፣ በመርዛማ ንጥረ ነገሮች፣ በነፍሳት፣ በዓይነ ምድር የተነካካ ወይም የተበከለ ወይም ጊዜው ያለፈበት ወይም በአያያዝ ጉድለት የተበላሸ ምግብ ነው።
፲፬· "የተበከለ አየር" ማለት ማንኛውም ከባቢ አየር የሰው ጤና በሚጎዳ ወይም በሚያውክ ፈሳሽ ቆሻሻ፣ ጋዝ፣ ጭስ፣ አቧራ፣ ወይም ሌላ ነገር የተበከለ አየር ነው።
፲፭· "ኢንዱስትሪ" ማለት የአነስተኛ ወይም ከፍተኛ የሥራ ቦታ ሆኖ እንደ ጨርቃ ጨርቅ፣ ቆዳ፣ ሲሚንቶ፣ የተለያዩ ብረታ ብረቶች ወይም የመሳሰሉትን የሚያመርት ድርጅት ነው።

ክፍል ሁለት
የጤና ጥበቃ አካሎች ሥልጣንና ተግባሮች

፫· የቢሮው ሥልጣንና ተግባሮች

በሌላ ሕግ ለቢሮው የተሰጠው ሥልጣንና ተግባር እንደተጠበቀ ሆኖ፣ የጤና አጠባበቅን በሚመለከት የሚከተሉት ሥልጣንና ተግባሮች ይኖሩታል፣

፩· ይህ ደንብና የሚወጡ መመሪያዎች መከበራቸውን ይከታተላል፣ ይቆጣጠራል፣ ያስፈጽማል፣
፪· የጤና አጠባበቅ ሥራዎችን በሚመለከት ከሌሎች መንግሥታዊና መንግሥታዊ ካልሆኑ መ/ቤቶችና ድርጅቶች ጋር በቅንጅት ይሠራል፣
፫· ዕቅድ ያወጣል፣ በጀት ያዘጋጃል፣ ሲፈቀድም በሥራ ላይ ያውላል፣
፬· የአካባቢ ሠርቬላንስና ቁጥጥር ያከናውናል፣ እንዲከናወንም ያደርጋል፣

10) "Proclamation" means Public Health Proclamation No.200/2000.
11) "Government" means the Regional Government of Oromia.
12) "Person" means any physical or legal person.
13) "Unsafe food" means food contaminated with harmful germs or toxic substance or insects or spoiled with human waste or expired or spoiled due to lack of proper preservation.
14) "Air pollution" means ambient air contaminated with liquid waste or gas, smoke, dust or other noxious matters affecting public health.
15) "Industry" means a small or large-scal undertaking where different types of goods such as textiles, leathers, cements and steals are manufactured.

*PART TWO*
*Powers and Duties of Health Organs*

3. *Powers and Duties of the Bureau*

Without prejudice to the powers and duties given to the Bureau by other laws, the Bureau shall have, on matters concerning public health, the following powers and duties:

1) to follow up and contorl the enforcement of these regulations and directives or to cause execution;
2) to work in collaboration with other government and non-governmental organizations on matters concerning public health;
3) to prepare the plan and budget; upon approval, implement same;
4) to conduct the surveillance, and inspection regarding health of the area or cause same to be conducted;

5) Qaama mootumma dhimmii ilaalu wajjin ta'uudhaan hojii haayjiiniifi kuwaaraantiinii ni hoggana; nihordofa; nito'ota;
6) karaa barnoonni eegumsa fayyaa bal'inaafi qulqullummaadhaan hawaasichaaf ga'uu itti danda'u niqiyaasa; meeshaalee barnootaaf gargaaran niqopheessa; nitamsaasa; hojiirra ooluusaanii nihordofa;
7) Qulqullummaa bishaan namni dhugaatiif tajaajila manaatiif ittifayyadamu nihordofa; nito'ata;
8) Akkuma barbaachisummaasaatti ilaalamee, piroojeektoota haaraya hojeetaman ilaalchisee waajjira dhimmi ilaalu wajjin ta'uudhaan dhiibbaa eegumsa fayyaarra gahuu danda'u ni qorata;
9) Mana jireenyaa, jaarmayaa ykn bakka biraatti to'annoon eegumsa fayyaatiin hojjatamuusaa nihordofa;
10) Hojiin laabooraatoorii eegumsa fayyaa laaboraatoorii eegumsa fayyaatiin hojjatamuusaa nihordofa;
11) Qaama dhimmi ilaalu wajjin tahuudhaan teeknooloojiiwwan eegumsa fayyaa kanneen hawaasichaaf to laniif sadarkaa nibaasa;
12) Qaamaa dhimmi ilaalu wajjin tahuudhaan faalama bishaaniin ykn kan biraatiin fayyaa hawaasichaa miidhu nito'ata;
13) Qaama dhimmi ilaalu wajjin tahuudhaan akkaataa qabiinsa, ittifayyadamaafi maqsa keemiikaalootaafi kosiiwwan balaafamafi summaawaa tahanirratti to'annoo nigodha;
14) Tarreeffama meeshaaleefi safarriituwwan dhaabbataafi sochoo'aa kanneen hojiilee to'annoo eegumsa fayyaatiif fayyadaan niqopheessa; akka hojiirra oolan nigodha;

፭· ጉዳዩ ከሚመለከተው የመንግሥት አካል ጋር በመተባበር የሀይጅንና ኳራንቲን ሥራን ያስተባብራል፣ ይከታተላል፣ ይቆጣጠራል፤
፮· የጤና አጠባበቅ ትምህርት ለኅብረተሰቡ በስፋትና በጥራት የሚዳረስበትን መንገድ ይቀይሳል፣ የትምህርት መርጃ መሣሪያዎችን ያዘጋጃል፣ ያሠራጫል፣ ስለተግባራዊነታቸው ይከታተላል፤
፯· ለሰው መጠጥና ለቤት አገልግሎቶች የሚውለውን ውሃ ጥራት ይከታተላል፤ ይቆጣጠራል፤
፰· እንደአስፈላጊነቱ ታይቶ አዲስ ለሚቋቋሙ ፕሮጀክቶች ከጤና ጋር በተያያዘ ሁኔታ ጉዳዩ ከሚመለከተው መ/ቤት ጋር የአካባቢ ተፅእኖ ግምገማ ያከናውናል፤
፱· በመኖሪያ ቤት፣ በተቋም ወይም በሌላ ቦታ የጤና አጠባበቅ ቁጥጥር መደረጉን ያረጋግጣል፤
፲· በጤና አጠባበቅ ላብራቶሪ የአካባቢ የጤና ላብራቶሪ ሥራ መከናወኑን ይከታተላል፤
፲፩· ከሚመለከተው አካል ጋር በመሆን ለኅብረተሰቡ ተስማሚ የሆኑ የአካባቢ ጤና አጠባበቅ ቴክኖሎጂዎችን ደረጃ ያወጣል፤
፲፪· ጉዳዩ ከሚመለከተው ጋር በመሆን የኅብረተሰቡን ጤና የሚጎዳ የውሃ ወይም የሌላ ዓይነት ብክለት እንዳይደርስ ይቆጣጠራል፤
፲፫· ጉዳዩ ከሚመለከተው ጋር በመሆን በአደጋኛና መርዛማ ኬሚካሎች ወይም ቆሻሻዎች አያያዝ፤ አጠቃቀምና አወጋገድ ላይ ቁጥጥር ያደርጋል፤
፲፬· ለጤና አጠባበቅ ቁጥጥር ተግባራት የሚያገለግሉ ቋሚና ተንቀሳቃሽ መሣሪያዎችንና መለኪያዎችን ዝርዝር ያዘጋጃል፣ በሥራ ላይ እንዲውሉ ያደርጋል፤

5) in collaboration with the concerned government organ, to direct, follow up and inspect hygiene and quarantine activities;
6) to devise and facilitate ways of extending community health education; to prepare, and distribute educational materials as well as follow up the implementation of same;
7) to monitor and inspect the quality of water intended for domestic use;
8) in cooperation with the appropriate organ, to conduct impact assessment of newly estblished projects on public health;
9) to ensure that health inspection is carried out in residential houses, institutions or other places;
10) to follow up that laboratory works of health inspection are carried out by the laboratory of public health control;
11) in cooperation with the appropriate orgain, to determine the standards of technologies suitable for health;
12) in cooperation with the appropriate organ, to control water or other pollution that affects the health of the community;
13) in cooperaton with the appropriate organ, to carry out inspection on the handling, use and disposal of hazardous and poisoned chemicals and waters;
14) to prepare the lists of instruments and measurements intended for health inspection and implement same;

15) Ogeeyyii hojii kanarratti bobba'aniif barnootaa haaroomsatiifi fooyyeessa ogummaa niqopheessa; ni adeemsisa;

16) Qu'annoo fi qorannoo niadeemisisa; akka adeemsifamu nigodha; bu'aa isaa hojiirra ni oolcha;

17) Dhaabbata mit-mootummaafi abbaan qabeenya dhunfaa tajaajila eegumsa fayyaarratti akka bobbahan nijajjabeessa; haala mijjaawaa ni uuma;

18) Bakka bashannanaatiifi bakka bishaan daakkiitti qajeelfamooni eegumsa fayyaa kabajamuusaanii ni hordofa; nito'ata;

19) Dhukkuba dabraa/weeraraa/ karaa ilaaluun, qaamaa dhimmi ilaalu wajjin tahuudhaan tarkaanfii eegumsa fayyaa kan barbaachisaa tahan nifudhata;

20) Hojjettaan taa, dhugaatii ykn tajaajila kana fakkaatu kan biraa keessa hojjeetu yeroo yeroodhaan qormaata fayyaasaa adeemsifamuusa nihordofa; nito'ata;

21) Nyaataa ykn dhugaatii fayyaa hubuun isaanii hubatame namni akka itti hinfayyadamne nibeeksisa ykn akka maqsaman nigodha ykn barbaachisaa tahee ennaa argamu jaarmayicha nicufa;

22) Eeddetoo nyaataa ykn dhugaatii nifudha ykn akka fudhamu ni godha; sadarkaa qulqullummaasaanii guutuusaanii nihordofa; nito'ata;

23) Woorkishooppii saaniteeshinii kan eegumsa fayyaa sadarkaa hundaatti hojjatamuuf gargaaru qajeelfama ni baasa;

24) Hojii biraa kanneen eegumsa fayyaa wajjin walittidhufeenya qabu nihojjata.



፲፭· በመሥኩ ለተሰማሩ ባለሙያዎች የተሃድሶ ትምህርትና የሙያ ማሻሻያዎችን ያዘጋጃል፣ ያካሂዳል፣

፲፮· በመስኩ ጥናትና ምርምር ያካሂዳል ወይም እንዲካሄድ ያደረል፤ ውጤቱን በሥራ ላይ ያውላል፤

፲፯· መንግሥታዊ ያልሆኑና የግል ባለሀብቶች በአካባቢ ጤና አጠባበቅ አገልግሎቶች ላይ እንዲሰማሩ ያበረታታል፤ ምቹ ሁኔታዎችን ይፈጥራል፤

፲፰· በመዝናኛና መዋኛ ሥፍራዎች የጤና አጠባበቅ መመሪያዎች መከበራቸውን ይከታተላል፣ ይቆጣጠራል፤

፲፱· የተላላፊ (ወረርሽኝ) በሽታን በሚመለከት አስፈላጊ የሆኑ የጤና አጠባበቅ እርምጃዎችን ከሚመለከታቸው ጋር በመሆን ይወስዳል፤

፳· በምግብ፣ በመጠጥ ወይም በሌሎች አገልግሎት ሰጪ ድርጅቶች የሚሠራ ሠራተኛ በየጊዜው የጤንነት ምርመራ ማካሄዱን ይከታተላል፤ ይቆጣጠራል፤

፳፩· ለጤና ጎጂ ሆነው የተገኙ ምግቦች ወይም መጠጦች ሰው እንዳይጠቀምባቸው ያሳውቃል ወይም እንዲወገዱ ያደረጋል ወይም አስፈላጊ ሆኖ ሲገኝ ድርጅቱን ያሽጋል፤

፳፪· የምግብ ወይም የመጠጥ ናሙና ይወስዳል ወይም እንዲወስዱ ያደርጋል ፤ የጥራት ደረጃቸውን ማሟላታቸውን ይከታተላል ፤ ይቆጣጠራል ፤

፳፫· በሁሉም ደረጃ ለሚሠሩ ለጤና አጠባበቅ የሚረዱ የሳኒቴሽን ወርክሾፖች መመሪያ ያወጣል።

፳፬· ከአካባቢ ጤና አጠባበቅ ጋር የተዛመዱ ሌሎች ተመሳሳይ ተግባሮችን ያከናውናል።



15) to prepare and conduct in-service training and continous education for those engaged in public health activities;

16) to undertake study and research or cause to be undertaken; implement the findings;

17) to create favourable conditions, to encourage non-governmental organizations and individuals to invest in the field of public health services;

18) to follow up and inspect the strict application of directives of health contorl at the recreational and swimming places;

19) in cooperation with appropriate organ, to take the necessary health control measures with regard to communicable diseases or epidemics;

20) to supervise and inspect the proper carrying out of medical examinations of workers working in institutions offering food or drink or in other service giving institutions;

21) to declare food or drinking found to be unsafe to public health not to be consumed and if necessary, causes same to be disposed of or the institution to be sealed;

22) to take or cause to be taken the samples of food or drink, to follow up and inspect the quality standards of the same;

23) to issue and inspect guidelines for all levels concerning sanitation workshops that assist the works of public health;

24) to perform other duties related to activities of public health.

4. *Aangoofi Hojii Qajeelcha Eegumsa Fayyaa Godinaafi Waajira Eegumsa Fayyaa Aanaa*

- Qajeelchii Godinafi waajiri eegumsa fayyaa Aanaa Dambi kana kewwata 3(5) fi (14) alati aangoofi hojiin Biirroof keenamaan sadarka isaanitti niqaabatu.

5. *Aangoofi Hojii Inispeaktarii*

*Inispeektariin:*

1) Keewwatni 6 akkuma eegametti tahee iyyanii ennaa dhihaatu ykn kaka'umsa mataasaatiin mooraa mana jireenyaa ykn jaarmayaa dhunfaa, kan mootummaa ykn mit-mootumaa kamiyyuu keessa seenuudhaan qulqulina isa ni to'aata;
2) Meeshaa ykn wanni to'atamu kan biroo kamiyyuu yeroo barbaachisaa ta'eef bakkaafi haala irra tureerra akka hin sochoone ajajuu nidanda'a;
3) Meeshaa safarrii adda addaa kanneen to'annoof gargaaru fayyadamuudhaan safaruu, suura kaasuufi galmeessa barbachisu gochuu nidanda'a;
4) To'annoof ragaa faayida-qabeessa nitaha jedhee itti amane gaafachuufi sirroomina ragaa argateetif qaama ilaalu mallatteessisuu nidanda'a;
5) Qorannoosaatiif barbaachisaa ta'ee yoo argame, eeddettoo nyaataa, bishaaniifi kan fafakkaatan fuudhuudhaan niqorata ykn akka qoratamu nigodha;
6) Dambii kana cabsuudhaan gocha raawwatame jiraachuusaa to'annoo eegumsa fayyaatiin ykn qorannoo laabooraatooriitiin hir'inna ennaa mirkaneessu akka tarkaanfii bulchiinsaa keewwata 20tti tarkaanfii nifudhata ykn qaama biraatiin akka fudhatamu nigodha;

፬· <u>የዞን ጤና ጥበቃ መምሪያና የወረዳ ጤና ጥበቃ መ/ቤት ሥልጣንና ተግባሮች</u>

የዞን ጤና መምሪያ የወረዳ ጤና ጥበቃ መ/ቤት በዚህ ደንብ አንቀጽ ፫ (፭) እና (፲፬) ሥር ከተጠቀሱት በስተቀር፤ ለቢሮው የተሰጡት ሥልጣንና ተግባሮች በየደረጃቸው ይኖራቸዋል።

፭· <u>የኢንስፔክተር ሥልጣንና ተግባሮች</u>

ኢንስፔክተሩ፡—

፩· በአንቀጽ ፮ ሥር የተገፈው እንደተጠበቀ ሆኖ አቤቱታ ሲቀርብለት ወይም በራሱ አነሳሽነት በማንኛውም የመኖሪያ ቤት ቅጥር ግቢ ወይም የግልም ሆነ የመንግሥት ወይም መንግሥታዊ ያልሆነ ድርጅት ውስጥ በመግባት ንጽህናውን ይቆጣጠራል፤
፪· ለቁጥጥር ተግባራት ሲባል የሚመረመረው ዕቃ ወይም ማንኛውም ነገር ለተፈለገው ጊዜ ያህል በነበረበት ቦታና ሁኔታ እንዲቆይ ማዘዝ ይችላል፤
፫· ለቁጥጥር ተግባራት ሲባል የተለያዩ የመለኪያ መሣሪያዎችን በመጠቀም መለካት፣ ፎቶግራፍ ማንሳትና አስፈላጊውን ምዝገባ ማከናወን ይችላል፤
፬· ለቁጥጥር ሥራ ጠቃሚ መረጃ ነው ብሎ ያመነበትን ሰው የመጠየቅና ስላገኘው መረጃ ትክክለኛነት ማስፈረም ይችላል፤
፭· ለምርመራው አስፈላጊ ሆኖ ካገኘው የምግብን፣ የውሃንና የመሳሰሉትን ናሙና በመውሰድ ይመረምራል ወይም እንዲመረመር ያደርጋል፤
፮· በጤና አጠባበቅ ቁጥጥር ወይም በላቦራቶሪ ምርመራ ውጤት መሠረት ይህንን ደንብ በመተላለፍ የተፈጸመ ጉድለት ወይም ጥፋት መኖሩን ሲያረጋግጥ በአንቀጽ ፳ መሠረት አስተዳደራዊ እርምጃ ይወስዳል ወይም እንዲወሰድ ያደርጋል።

4. *Powers and Duties of Zonal Health Department and Wereda Office of Public Health*

Except Article 3(5) and (14) of these Regulations, the health department of the zone and health office of the wereda shall have within the area of its establishment, the same powers and duties given to the Bureau.

5. *Powers and Duties of Inspector*

The inspector shall have the following powers and duties:

1) without prejudice to the provisions of Article 6 of these Regulations, to enter and inspect, upon request or of his own initiation, the cleanliness of the premises, houses or any other private, governmental or non-governmental institutions;
2) to order the materials or any other inspected article to remain untouched in its existing place for a required period;
3) to take measurement, photographs and make the necessary recordings for purposes of analysis;
4) to request any evidence which he believes to be relevant for inspection, and may require the signature of the appropriate organ;
5) where it appears necessary for investigation, to take sample of food, water and the like to conduct examination or cause the same to be conducted;
6) to take or cause to be taken administrative measures in accordance with Art. 20 when it is proved by health inspection or laboratory examination that an act in violation of these Regulations is committed;

7) Dambii kana cabsuudhaan balleessaan raawwatame jiraachuusaa ennaa mirkaneessu tarkaanfin keewwata 20(1) fi 21 (1-7) jalatti ibsame ni fudhata ykn akka fudhatamu nigodha. Namni raawwannoo adabaa fudhachuu dide ykn kan deddeebi'ee balleessaa raawwachuunsaa hubatame gaaffii Biirichaatiin abbaa alangaa aangoo qabuun akka himatamu nigodhama,
8) Hojii itti yaamamtoota fayyaa gandaafi to'attoota qulqullummaa bulchiinsa magaalaa ni hordofa.
9) Gabaasa hojii qaama nito'ata deggarsa ogummaa ni kenna. Itti waamammuuf ni dhiheessa.

6. *Dirqama Inispeektarii*
Inispeektarrii:es
1) Bulchiinsa gandaarraa ykn koree fayyaarraa yoo hangam xiqqaate bakka bu'aan tokko taajjabdummaan akka ramadamuuf gochuudhaan hojiicha ni rawwata;
2) Mooraa mana jireenyaa keessatti to'annoo eegumsa fayyaa osoo hin adeemsifneen dura abbaan manaa ykn kireeffataan ykn bakka-bu'aan guyyaafi sa'aatii murtaawetti akka argamu barreeffamaan yoo xiqaate sa'aatii 24 dursee beeksisuu qaba;
3) Yeroo hojii to'anno eegumsa fayyaahunda eenyumeessaa tajaajila kanaaf Biiricharraa kennameef qabachuufi kanneen dhimmi ilaaluuf agarsiisuuf dirqama qaba;
4) Haalli addaa yoo qunnamee malee ojiisaa yeroo hojii mootummaa qofa nihojjata.

7. *Aangoofi Hojii Itti Yaamamaa Fayyaa Gandaa ykn To'aataa Qulqulina Gandaa*
Itti yaamamaa fayyaa gandaa ykn to'aataa qulqulumaa ganda itti wamaaminiisa bulchiinsa gandaaf ta'ee aangoofi hojii kana gadiiti ibsamaan niqabaata:
1) Baka ykn ganda itti ramadame keessa naannawwuudhaan kosiin goggogaafi dhangala'aan sirriitti maqsamuu isaa mirkaneessuu;

፯· ይህንን ደንብ በመጣስ ጥፋቶች መፈጸማቸውን ካረጋገጠ በአንቀጽ ፳(፩) እና ፳፩(፩–፯) ሥር የተገለጸውን እርምጃ ይወስዳል ወይም እንዲወሰድ ያድረጋል፤ ቅጣቱን ለመፈጸም እምቢተኛ የሆነ ወይም በተደጋጋሚ አጥፊ የሆነ ሰው ከተገኘ በቢሮው ጠያቂነት ሥልጣን ባለው ዓቃቤ ሕግ እንዲከሰስ ያድረጋል፤
፰· የቀበሌ ጤና ተጠሪዎችንና የከተማ መስተዳደር ፅዳት ተቆጣጣሪዎችን ሥራ ይከታተላል፣ ይቆጣጠራል፤ የሙያ ድጋፍ ይሰጣል፤
፱· ለቅርብ ተጠሪው የሥራ ሪፖርት ያቀርባል።

፮· <u>የኢንስፔክተር ግዴታዎች</u>
ኢንስፔክተሩ፦
፩· ከቀበሌ መስተዳድር ወይም ከጤና ኮሚቴ የሚወከል ቢያንስ አንድ ሰው በታዛቢነት እንዲመደብለት በማድረግ ሥራውን ያከናውናል፤
፪· በመኖሪያ ቤት ቅጥር ግቢ ውስጥ የጤና አጠባበቅ ቁጥጥር ከማድረጉ በፊት የቤቱ ባለቤት ወይም ተከራይ ወይም ወኪል በተወሰነ ቀንና ሰዓት እንዲገኝ ቢያንስ ከ24 ሰዓት በፊት በጽሁፍ ማሳወቅ አለበት፤
፫· በማንኛውም የጤና አጠባበቅ ቁጥጥር ሥር ወቅት ለዚህ አገልግሎት ከቢሮው የተሰጠውን መታወቂያ መያዝና ጉዳዩ ለሚመለከታቸው የማሳየት ግዴታ አለበት፤
፬· የተለየ ሁኔታ ካላጋጠመ በስተቀር፤ ሥራውን በመንግሥት የሥራ ሰዓት ብቻ ያከናውናል።

፯· <u>የቀበሌ ጤና ተጠሪ ወይም የፅዳት ተቆጣጣሪ</u>
<u>ሥልጣንና ተግባር</u>
የቀበሌ ጤና ተጠሪ ወይም የፅዳት ተቆጣጣሪ ተጠሪነቱ ለቀበሌ መስተዳድር ሆኖ ከዚህ በታች የተጠቀሰው ሥልጣንና ተግባር ይኖረዋል፤
፩· በተመደበበት ቦታ ወይም ቀበሌ ውስጥ እየተዘዋወረ የደረቅ ወይም ፍሳሽ ቆሻሻ በአግባቡ መጣሉን ያረጋግጣል፤

7) to take or cause to be taken measures enumerated under Articles 20(1) and 21(1-7); when it is proved that the provisions of these Regulations are violated. Any person who refuses to obey the penalty or repeatedly acts in violation, of these Regulations shall be prosecuted by the public prosecutor upon the request of the Bureau;
8) to follow up and inspect the activities of community health agents and town sanitary controllers and to give technical assistance;
9) to give work reports to the appropriate person.

6. *Duties of the Inspector*
The inspector:
1) shall require the assignment of at least one nominated representative of kebele administration or health committee and work with the same;
2) shall give 24 hours advance notice in writing to the owner, the lessee or the agent of a house or premise to appear at a fixed day and time of inspection;
3) shall have an identity card which indicates his authority when on duty;
4) shall perform his work during the government working hours unless there is a special situation.

7. *Powers and Duties of Community Health Agent or Town Sanitary Controller*
1) to ensure in any place or kebele the proper disposal of solid or liquid wastes;

2) Namni kosii goggogaa ykn dhangala'aa bakka hayyamameefiin alatti darbe ykn dhangalaase baasii mataasaatiin kosicha akka maqsu taasisuu;
3) Namni koo sii kara sirrii taheen hinmaqsin ykn hindhangalaasin, kan akka kaasu gaafatamee dide akkuma badii isaati addaba keewwata 21(1) iin murtaawe nagayee seerafamaan akka kafalu taasisu; yoo ababa kana kafaluu dide mana murtii dhimmii ilaaluti akka himatamuufi tarkaanfiin barbaachisaan akka irratti fudhatamu tasisuu;
4) Nama bakka hinhayyamamnetti fincaanu ykn qulqullaa'u battalumatti akkaataa keewwata 21(1) tiin kan murtaawe kafalchiisu;
5) Mana fincaaniitiifi iddoo kosii ittiharan kan magaalaa xiqqaa ykn ganda baadiyyaa keessatti hojjatamuuf bakka filuu, akkataa itti hojjatamurrattis deeggarsa ogummaa kennuu;
6) Odeeyfannoo eegumsa fayyaa walitti qabu; abbaa dhimmi ilaaluufiis dabarsuu;
7) Rakkoo eegumsa fayyaa kan dandeetiisaatii ol ta'eef inispeektara deeggarsa ogummaa gaafachuu;
8) Kan dhimmi ilaalu wajjin tahuudhan jiraattoonni ganda tajaajila mana fincaaniitiifi bakka kosii ittiharan akka qabataniifi duulli qulqullummaa akka adeemsifamu taasisuu;
9) Akkaataa hojiisaarratti kan dhimmi ilaaluuf yeroo yeroodhaan gabaasa dhiheessuu.

### 8. *Dirqama itti Yaamamaa Fayyaa Gandaa ykn To'aataa Ququlina Gandaa*

Itti yaamamaan fayyaa gandaa ykn to'aataan ququlina gandaa:

1) Eenyummeessaa bulchiinsa gandaa, ykn kan magalaa ykn kan dhaabbata fayyaatiin hojii kanaaf keename qabachuufi agarsiisuu qaba;

፪· ደረቅ ወይም ፍሳሽ ቆሻሻውን ከተፈቀደለት ቦታ ውጭ የጣለ ወይም ያፈሰሰ ሰው በራሱ ፍቃድ ቆሻሻውን እንዲያስወግድ ያደርጋል፤
፫· ቆሻሻውን በተገቢው መንገድ ያልጣለ ወይም ያላፈሰሰ ሰው እንዲያስወግድ ሲጠየቅ ፍቃደኛ ካልሆነ በአንቀጽ ፳፩/፩ የተወሰነውን መቀጫ እንደ ጥፋቱ ደረጃ በሕጋዊ ደረሰኝ እንዲከፍል ያደርጋል፤ መቀጫውን ለመክፈል ፈቃደኛ ካልሆነ ግለሰቡ በሚመለከተው ፍ/ቤት እንዲከሰስና ተገቢ እርምጃ እንዲወሰድበት ያደርጋል፤
፬· ባልተፈቀደ ቦታ የሸናን ወይም የተፀዳዳውን ሰው ወዲያውኑ በአንቀጽ ፳፩/፩ መሠረት የተወሰነውን መቀጫ ያስከፍላል፤
፭· በአነስተኛ ከተሞችና የገጠር መንደሮች ለሚሠሩ ሽንት ቤቶችና የቆሻሻ መጣያ ቦታዎችን ይመርጣል፤ ስለ አሠራራቸውም የሙያ ድጋፍ ይሰጣል፤
፮· የጤና አጠባበቅ መረጃዎችን የጤና ችግሮች የአካባቢ ጤና አጠባበቅ ኢንስፔክተርን የሙያ ድጋፍ ይጠይቃል፤
፯· የጤና አጠባበቅ መረጃዎችን በመሰብሰብ ይይዛል፤ ለጤና ድርጅቶች ያስተላልፋል፤
፰· ከአቅሙ በላይ ለሆኑ የጤና ችግሮች የአካባቢ ጤና አጠባበቅ ኢንስፔክተርን የሙያ ድጋፍ ይጠይቃል፤
፱· ጉዳዩ ከሚመለከታቸው ጋር በመሆን የቀበሌውን ነዋሪዎች የመፀዳጃ ቤትና የቆሻሻ መጣያ አገልግሎት እንዲኖራቸው የጽዳት ዘመቻ እንዲካሄድ ያስተባብራል፤
፲· ስለሥራው አካሄድ ጉዳዩ ለሚመለከተው አካል በየጊዜው ሪፖርት ያቀርባል።

### ፰· የቀበሌ ጤና ተጠሪ ወይም የፅዳት ተቆጣጣሪ ግዴታዎች

የቀበሌ ጤና ተጠሪ ወይም የጽዳት ተቆጣጣሪ፦

፩· ከቀበሌ መስተዳድር ወይም ከቀበሌ ገበሬ ማኅበር ወይም ከጤና ድርጅት የሚሰጠውን የመታወቂያ ደብተር የመያዝና የማሳየት ግዴታ አለበት፤

2) to compel any person who disposes solid or liquid waste at a place not designated for this purpose to remove the same at his cost;
3) to cause any person who refuses to comply with Article 7(2), to compel him to pay the amount fixed under Article 21(1) upon giving a legal receipt; where he failed to pay the penalty, to cause the initiation of a legal proceeding;
4) to cause any person found urinating or defecating in a place other than authorized for this purpose pay immediately the penalty fixed under Art. 21(1);)
5) to allocate places for the construction of toilet and store garbages in small towns and villages, and to give technical assistance on the manner of construction of same;
6) to collect information concerning public health and communicate same to the appropriate organ;
7) to request the technical assistance of the inspector concerning health problems beyond his capacity;
8) in cooperation with the appropriate organ, devise the ways and means of enabling the residents of the kebele to have latrines and solid waste services and co-ordinate sanitary campaign;
9) to give a report to the appropriate person.

### 8. *Duties of Community Health Agent or Town Sanitary Controller*

The agent or controller:

1) shall possess and present his identity card given by the kebele administration or peasant association or the health institution;

2) Nama balleessaa raawwate argame adaba keewwata 21(1) jalatti ibsame nagahee seereffamaa qofaan kafalchiisuuf dirqama qaba;
3) Mana jireenyaa keessa seenuun barbaachisaa yemmuu tahu dirqama keewwata 6(2) jalatti ibsame ni qabaata.

*Kutaa Sadii*
*Haalawaan Eegumsa Fayyaa*

9. Haala Kosiin Ittiqabamuufi Ittimaqsamu
   1) Namni kamiyyuu kosii goggogaa:
      (a) Karaarratti, dooyaarratti, maagada (bo'oo), bishaan ciisaa (kuurii) keessatti ykn bakka biraa kan hinhayyamamnetti darbuun ykn akka darbamu gochuu hinqabu;
      (b) Manasaa ykn jaarmayasaa keessaa bahu meeshaalee bishaan hinnaqne, qulqullummaan qabuu danda'an, qadaaddaa qaban, akkaataa tiitisa, hantuutaafi ilbiisoota biraa seensisuu hin dandeenyeen sibiila, qorqorroo, pilaastiikiifi meeshaa akkanaa kan biraarraa tolfaman kanneen rakkoo malee fuudhamuu fi geejjibamuu danda'aniin fayyadamuu qaba;
      (c) Manasaa ykn jaarmayasaa keessaa bahu akka keewwata 9(1) (b)tti meeshaa kosii goggogaan itti kuusamu kan ofii qopheesse qofa keessatti walitti kuusee moraasaa keessatti awwaaluu ykn kuusaa kosii naannoosaatti argamu qofa keessatti gatuu qaba;
      (d) Insiniireetarii akka gaariitti hojjatame ykn bakka kosiin itti gubamu gochuu hinqabu;
      (e) Konkolaataan tajaajilaa ala ta'e, qorqorroo, cirracha, biyyeefi goommaa kkf karaarratti, dooyaa ykn bakka hin hayyamamin kan biraarratti tuuluudhaan akkaataa gaaga'amaa (balaa) fi rakkoo fayyaatiif saxil baasu uumuu hinqabu;

፪· አጥፊ ሆኖ የተገኘውን ሰው በአንቀፅ ፳፩/፩ የተገለጸውን የመቀጫ ገንዘብ በሕጋዊ ደረሰኝ ብቻ የማስከፈል ግዴታ አለበት፤
፫· በመኖሪያ ቤት ውስጥ መግባት አስፈላጊ ከሆነ በአንቀጽ ፯(፪) ሥር የተገለጸው ግዴታ ይኖረዋል።

ክፍል ሦስት
የጤና አጠባበቅ ሁኔታዎች

፱· የቆሻሻ አያያዝና አወጋገድ ሁኔታ
   ፩· ማንኛውም ሰው የደረቅ ቆሻሻን፡—
      ሀ) በመንገድ፣ በአደባባይ፣ በቦይ፣ በወንዝ፣ በኩሬ ወይም በሌሎች ባልተፈቀዱ ቦታዎች ላይ መጣል ወይም እንዲጣል ማድረግ የለበትም፤
      ለ) ከቤቱ ወይም ከድርጅቱ የሚወጣውን ውሀ በማያስገቡ፣ በንጽህና ለመያዝ በሚችሉ፣ ክዳን ባላቸው፣ ዝንብ፣ አይጦችና ሌሎች ነፍሳትን እንዳይገቡ ሆኖ ከብረት፣ ከቆርቆሮ፣ ከፕላስቲክና በሌሎች ተመሳሳይ ቁሳቁስ የተሠሩና በቀላሉ ሊነሱና ሊጓጓዙ በሚችሉ ዕቃዎች መጠቀም አለበት፤
      ሐ) ከቤቱ ወይም ከድርጅቱ የሚወጣውን በአንቀጽ ፱(፩/ለ) መሠረት ራሱ ባዘጋጀው የደረቅ ቆሻሻ ማጠራቀሚያ ዕቃ ውስጥ ብቻ በማጠራቀም በግቢው ጉድጓድ ቆፍሮ መቅበር ወይም በአካባቢው በሚገኘው የማጠራቀሚያ ገንዳ ውስጥ ብቻ መጣል አለበት፤
      መ) በተገቢ ሁኔታ በተሠራ ኢንስፔክተር ወይም በተዘጋጀ የቆሻሻ ማቃጠያ ካልሆነ በስተቀር ቆሻሻን በመንገድ፣ በአደባባይ ወይም በሌላ ቦታ ማቃጠል ወይም እንዲቃጠል ማድረግ የለበትም፤
      ሠ) ከአገልግሎት ውጭ የሆነ መኪና፣ ቆርቆሮ፣ አሸዋ፣ አፈር፣ ጎማና የመሳሰሉትን በመንገድ ወይም በአደባባይ ወይም በሌላ ባልተፈቀደ ቦታ በመቆለል ለአደጋና ለጤና ችግር የሚያጋልጥ ሁኔታ መፍጠር የለበትም፤

2) have the duty to execute penalities fixed in accordance with Art.21(1) only on giving legal receipt;
3) shall have the obligation specified under Art. 6(2) when it deems necessary, to enter and inspect a dwelling house.

*PART THREE*
*Requirements of Public Health*

*9. Handling and Disposal of Wastes*
   1) Any prson:
      (a) shall not throw or cause to be thrown solid waste in or upon streets, public place or into any drain, lake, and river or in any other place not authorized for this purpose;
      (b) shall use for string solid wastes removed from house or premises, a container of smooth and impervious material which is easy to keep in a clean and sanitary condition, has tightly fitting lid that excludes flies and rats and easily portable;
      (c) shall dispose solid waste from his house or premise in accordance with Art. 9(1)(b) by either depositing in store garbage or by burying it in his premise or by disposing in a place authorized for this purpose;
      (d) shall not burn or cause to be burnt solid waste on streets, public places or in any other place other than a propertly made incinerator or in a place designated for such purpose;
      (e) shall not deposit abandoned cars,cans, sand, dust and tires on street, public places or on any place in a manner causing danger and health problem;

(f) Hayyama Biirichaa ykn waajjira dhimmi ilaalu kanneen biraatiin alatti naannoo bira irraa fidee naannicha keessatti darbuu ykn awaaluu hinqabu;
(g) Dallaya mana ykn jaarmaya isaarra fagfeenya hanga meetira 10 keessatti argame haa la biraatiin yoo mirkanaawe malee mana ykn jaarmayasa keessaa akka bahetti shalagama.

2) Namni tajaajila kosi maqsuu kennu kamiyyuu:
(a) Kuusaan kosii guutee kosichi osoo hinfacaane ykn sababa turinsaatiin rakoo fayyaa oso hin uumin kaasu qaba;
(b) Akkaataa naannoo faaluu danda'uun geejjibuu hinqabu;
(c) Bakka hayyamni hinkennaminitti darbuu yokin awwaaluu hinqabu.

3) Reeffi beeyladoota mooraa alatti du'anii:
(a) Magaala waajjirabulchiinsa qabanii keessatti yoosuma bulchiinsa magaalaa beeksisuudhaan;
(b) Magaalaa waajjira bulchiinsa magaalaa hinqabneefi gandoota baadiyyaa keessatti waltaasisa qaamoota bulchiinsa gandaatiin kaafamee akkaataa fayyaa ummata hinhubneen maqsamuu qaba.

4) Namni tajaajila gaarigaa beeyladaan harkifamu kennu kamiyyuu sababa fandoo beeyladoota kanatiin naannoon akka hinfaalamne gochuuf gaariigaa waliin meeshaa fandoo itti kuusamu qopheessee ittifayyadamuudhaan koosicha bakka sirrii ta'eefi fayyaa hin hubnetti maqsuu qaba.

5) Namn kamiyyuu kosii dhangalaa:
(a) Manasaatiif mana fincaanii kan dhunfaa ykn kan wajjinii haala mija'aa ta'een hojjatee fayyadamuu qaba;

ረ) ከክልሉ ውጭ አምጥቶ ከቢሮው ወይም አግባብ ካላቸው ሌሎች መ/ቤቶች ፍቃድ ውጪ በክልሉ ውስጥ መጣል ወይም መቅበር የለበትም፤
ሰ) ተቃራኒ ማስረጃ ካልቀረበ በስተቀር ከማንኛውም ሰው መኖሪያ ቤት ወይም ድርጅት አጥር ውጭ እስከ 10 ሜትር ርዝመት ባለው ርቀት የሚገኝ ከሆነ ከቤቱ ወይም ከድርጅቱ እንደ ወጣ ተደርጎ ይገመታል።

፪· ማንኛውም የሕዝብ የቆሻሻ ማስወገድ አገልግሎት የሚሰጥ ሰው፦
ሀ) ገንዳው ሞልቶ ቆሻሻው ከመበተኑ ወይም በቆይታ ምክንያት የጤና ችግር ከመፍጠሩ በፊት ማንሳት አለበት፤
ለ) አካባቢን በሚበክል ሁኔታ ማጓጓዝ የለበትም፤
ሐ) ፈቃድ ባልተሰጠበት ቦታ መጣል ወይም መቅበር የለበትም።

፫· ከግቢ ውጭ የሞቱ እንስሳት፦
ሀ) ማዘጋጃ ቤት ባላቸው ከተሞች ከሆነ ወዲያውኑ ለማዘጋጃ ቤቱ ማሳወቅ፤
ለ) ማዘጋጃ ቤት በሌላቸው ከተሞች ወይም የገጠር መንደሮች ከሆነ በቀበሌው አስተዳደር አካላት አስተባባሪነት በድኑ (ሬሣው) ተነስቶ የሕዝብን ጤና በማይጎዳበት ሁኔታ መወገድ አለበት።

፬· ማንኛውም በእንስሳት የሚጎተት የጋሪ አገልግሎት የሚሰጥ ሰው የአካባቢ ብክለት እንዳ ይኖር የፋንድያ መቀበያ ነገር ከጋሪው ጋር በማዘጋጀት ተጠቅሞ ቆሻሻን አግባብ ባለውና ጤናን በማይጎዳ ቦታ ማስወገድ ይኖርበታል።

፭· ማንኛውም ሰው ፍሳሽ ቆሻሻን፦
ሀ) ለቤተሰቡ የግል ወይም የጋራ መጸዳጃ ቤት በተገቢው ሁኔታ በመሥራት መቀጠም አለበት፤

(f) shall not bring and dispose solid waste from other areas unless permitted by the Bureau or another appropriate organ;
(g) unless proved otherwise, solid waste found within 10 meters from the house or premise is presumed to have been removed from some house or premise.

2) Any person engaged in the activity of waste disposal:
(a) shall remove the waste from the container before it is full or dispersed or before it creates health problem as a result of decaying;
(b) shall not transport in a manner damaging the environment;
(c) shall not dispose or bury in a place other than the place authorized for this purpose.

3) Dead body of animals found outside premises shall be removed:
(a) in towns haveing town administration, by immediately informing the town administration;
(b) in towns with no town administration or in villages, in collaboration with the kebele administration, without affecting public health.

4) Any person who provides service with vehicles pulled by animals shall prepare a material to deposit and dispose of the wastes of the animals in a place designated and in a manner which does not affect environmental health.

5) Any person:
(a) shall have or use private or common toilet;
(b) shall not discharge treated or untreated liquid waste from his house or institution into water bodies, tunnels, irrigations, farm lands and into another place unless he is permitted by the Bureau or another concerned organ;

(b) Hayyama Biiroo ykn waajjiraa dhimmi ilaalu kanneen biraatiin alatti manasaa ykn jaarmayasaa keessa calalee ykn osoo hin calalin gara walittidhufeenya bishaanii, ujumoolee, jallisii, lafa qonnaa kkf gad dhiisuun ykn walitti fiduu hinqabu;

(c) Gorsa ogeessa fayyaa hordofee mana fincaanii ykn bakka dhangala'aan keessatti naqamu ykn itti kuusamu qopheessee fayyadamuu qaba;

(d) Huccuu, konkolaataa ykn meeshaalee biraa karaarratti, dooyaarratti ykn bakka hin hayyamamnetti miicuu ykn miiccisiisuu, hinqabu;

(e) Mana ykn jaarmaya isaarraa fageenya hanga meetira 10tti argame mana ykn jaarmaya isaa keessaa akka dhangalaafameetti lakkaawama.

6) Namni kamiyyuu:

(a) Mana fincaanii alatti fincaanuu ykn qulqullaa'uu hinqabu;

(b) Manni fincaanii guutamuuf walakkaan meetiraa yemmuu hafu akka xuuxamuu gochuu ykn duuchuu qaba;

(c) Hayyama Biirichaatiin ykn waajjira dhimmi ilaaluutiin alatti kosii dhangala'aa naannoo biraarra gara naannichaa keessaati fidee darbuu ykn dhangalaasuu hinqabu;

(d) Dhangalaa mana fincaanii ykn dhangala'aa adda addaa kan biraa lafa keessaan ykn kallattiidhaan gara jiraattoota naannichaatiis ta'e gara bakka bishaan itti argamuutti dhangalasaa fayyadamuun ykn akka fayyadamu gochuu hinqabu.

ለ) ከቢሮው ወይም አግባብ ካለው ሌላ አካል ፍቃድ ውጪ ከቤቱ ወይም ከድርጅቱ አጣርቶ ወይም ሳያጣራ ወደ ውሃ መገኛ ዎች፤ ቱቦዎች፤ ቦዮች፤ የእርሻ ቦታዎች ወይም ወደ መሳሰሉት መልቀቅ ወይም ማገናኘት የለበትም፤

ሐ) የጤና ባለሙያን ምክር በመከተል በግቢው ውስጥ መጸዳጃ ቤት ወይም የፍሳሽ መስረጊያ ወይም ማጠራቀሚያ አገልግሎት በማዘጋጀት መጠቀም አለበት፤

መ) ልብስ፤ መኪና ወይም ሌላ ዕቃ በመንገድ፤ በአደባባይ ወይም ባልተፈቀዱ ቦታዎች ላይ ማጠብ ወይም ማሳጠብ የለበትም፤

ሠ) ከቤቱ ወይም ከድርጅቱ እስከ ፲ ሜትር ርቀት የተገኘ ፍሳሽ ቆሻሻ ከቤቱ ወይም ከድርጅቱ እንደ ወጣ ይቆጠራል።

፮· ማንኛውም ሰው፡–

ሀ) ከመጸዳጃ ቤት ውጭ መሽናት ወይም መጸዳዳት የተከለከለ ነው፤

ለ) ሽንት ቤት ሊሞላ ግማሽ ሜትር ሲቀረው ማስመጠጥ ወይም መድፈን አለበት፤

ሐ) ከክልሉ ውጭ ፍሳሽ ቆሻሻን ወደ ክልሉ አምጥቶ ከቢሮው ወይም አግባብ ካለው ሌላ መ/ቤት ፍቃድ ውጭ መጣል ወይም ማፍሰስ የተከለከለ ነው፤

መ) የመጸዳጃ ቤት ወይም ሌሎች ፍሳሾችን ውስጥ ለውስጥ ወይም በቀጥታ ወደ አካባቢው ነዋሪዎች ወይም ወደ ውሃ መገኛ ቦታዎች እያፈሰሰ መጠቀም ወይም እንዲጠቀም ማድረግ የለበትም።

(c) shall prepare and use toilets or cesspits or septic tank according to the advice of the health professional;

(d) shall not wash or clean or cause to be washed any clothes, cars or other articles on streets, public places or in any other place not authorized for this purpose;

(e) Within 10 meters of distance from whose house or institution a liquid waste is found is presumed to have discharged the same.

6) Any person–

(a) shall not urinate or defecate in any place except in a properly constructed latrine;

(b) shall make a latrine to be evacuated or closed before half meter remains to be full;

(c) shall not throw or discharge liquid waste brought from other Region in the Region without the prior permission of the Bureau or other concernd office;

(d) shall not use or allow the use of sewers to discharge liquid waste generated from toilets or liquid of other types underground or directly towards the residents of the area or into water bodies.

7) Namni tajaajila kosii dhangala'aa ummataa kaasuu kennu kamiyyuu akkaataawaan kosii dhangala'aa ittiin walitti qabu, geejjibu, yaalamu fi bakka kosii dhangala'aa booddee itti gatu Biiricharraa ykn qaama dhimmi ilaalu kan birraarraa hayyama argachuu qaba.

8) Namni kamiyyuu kosii balafaamaa fi summaawaa:
   (a) Kosii biraarraa adda baasee meeshaa adda taheefi aasxaa adda qabu qofa keessa kaa'uuf dirqama
   (b) Bakkaafi akkaataa tajaajila kanaaf oolu Biirichaan ykn qaama dhimmi ilaalu kan biraatiin hayyamameef ala darbuu hinqabu;
   (c) Humna namaatiin maqasu uffata fayyaa hojjattoota isaa haala amansiisaan eeguu danda'u gaawaanii, hagooggii fuulaa, dahannoo harkaa kkf dhiheessuu qaba;
   (d) Biiriicha ykn qaama dhimmi ilaalu kan biraarraa osoo hayyama hinarganne naannoo biraarraa fidee naannicha keessatti darbuun ykn akka darbamu gochuu hinabu.

10. *Jaarmayoota Nyaataa, Dhugaatiifi Tajaajila Kennitoota*

1) Nyaaniif dhugaatiin kamiyyuu bakka itti oomishamuu kaasee hanga ittifayyadamaa bira ga'utti qajeelfama to'annaa qulqullummaa nyaataa Biirichi baasu kan guute tahuu qaba.

2) Namni kamiyyuu nyaataa ykn dhugaatii:
   (a) Kan summaawe ykn kan fayyaa hubu;

፯· ማንኛውም የሕዝብ ፍሳሽ ቆሻሻ ማንሳት አገልግሎት የሚሰጥ ሰው ስለሚጠቀመው የፍሳሽ ቆሻሻ መሰብሰቢያ፣ ማጓጓዣ፣ ማከሚያ እና የፍሳሽ ቆሻሻ መጣያ ቦታ ከቢሮው ወይም አግባብ ካለው ሌላ መ/ቤት ፈቃድ ማግኘት አለበት።

፰ ማንኛውም ሰው አደገኛ መርዛማ ቆሻሻን፡—
   ሀ) ከሌላው ቆሻሻ በተለየና ልዩ ምልክት ባለው ዕቃ ውስጥ ብቻ የማስቀመጥ ግዴታ አለበት፤
   ለ) ለዚህ አገልግሎት እንዲውል በቢሮ ወይም ጉዳዩ በሚመለከተው ሌላ መ/ቤት ከተፈቀደለት ቦታና ሁኔታ ውጭ መጣል የለበትም፤
   ሐ) በሰው ጉልበት የሚያስነሳው ሰው ለሠራተኛው ጤንነት አስተማማኝ መከላከያነት ያለው አልባሳት፣ ጋወን፣ ጭንብል፣ ጓንት፣ ጫማ ወይም የመሳሰሉትን ማቅረብ አለበት፤
   መ) ከቢሮው ወይም ጉዳዩ ከሚመለከተው ሌላ መ/ቤት ፈቃድ ሳያገኝ ከሌላ ክልል አምጥቶ በክልሉ መጣል ወይም እንዲጣል ማስደረግ የለበትም።

፲· <u>የምግብ፣ የመጠጥና የአገልግሎት ሰጪ ድርጅቶች</u>

፩· ማንኛውም ምግብና መጠጥ ከሚመረትበት ቦታ አንስቶ እስከ ተጠቃሚው ድረስ ቢሮው የሚያወጣውን የምግብ ጥራት ቁጥጥር መመሪያ ያሟላ መሆን አለበት።

፪· ማንኛውም ሰው፡—
   ሀ) መርዛማ ወይም ለጤና ጎጂ የሆነ ምግብ ወይም መጠጥ፤

